

Bakka paarkiiwwan naannootti bifa itti gaafatamummaa qabuun bashannanaa

Qajeelfamoonni bifa itti gaafatamummaa qabuun bashannanuuf gargaaran ala jiru

Osoo hin deemin dursa

- Wanta banamaa ta'e ilaalaa. Naannolee hedduun guyyaa faayidaa akka kennaniif iddoowwan bashannanaa banaa akka ta'an yoo godhan naannoleen biroo, gosootni fi naannoon federaalaatti iddoon bashannanaa ammayyuu cufaadha. www.parks.state.wa.us/parksopening irratti oonlayinii ilaalaa.
- Imalawwan guyyaa kan manatti dhiyoo ta'e filadhaa. Turtiiwwan halkan guutuu hin eeyyamamu.
- Miseensa maatii baay'ee isinitti dhiyaatu qofa waliin turaa Namoota maatiidhaan alaa wajjin bashannanuun tatamsa'ina vaayirisichaatiif haala mijeessa.
- Qophaa'aatii koottaa. Hojjattoonni bakkeewwan tajaajila laatan kan naannoo bineensonni bosonaa itti argamanii fi bishaan jiru banuudhaaf adeemsa/qophii jalqabanitti daawattoonni tajaajiloota bakka ciisichaa/qaama itti dhiqatanii gatii gadi aanaa yookin murtaa'aa ta'e barbaaduu malu. Saamunaa, bishaan, saanitaayizarii harkaa fi sooftii mana fincaanitti itti fayyadamtan akkasumas afaani fi funyaan kan ittiin cuqqaallatan kan ofii keessanii akka fiddanii dhuftan isin gorsina.
- Yeroo nagaa ta'etti bakkeetti bashannanaa. Mallattoleen akka qaama gubaa, qufaasisuu yookin harganuu dadhabuu yoo isin irratti mul'ate, adeemsa bakkee gochuuf karoositan yeroo biraatti dabarsaa.

Yeroo achi geessan

- Walitti heddummachuun dhorkaadha. Iddoon silaa deemtan namni kan itti heddummate yoo ta'e, bakka biroo deemuuf qophaa'aa yookin yeroo biraa deebi'aa kootaa.
- Qaaman walirraa fagaadhaa. Isinii fi miseensa maatii isinii wajjin jiru gidduutti walirraa fageenya faana 6 eegaa. Namootni kanneen biros bakka gahaa argatanii nagana akka deemaniif yeroo tokkotti bidiruu tokko akka deemu godhaa. Konkalaataa keessanii fi kan nama isinitti aanee jiru gidduutti bakka dhaabbii konkolaataa tokkoof ta'u hambisaa. Bidiruu keessan kallattiidhuma wal fakkaatadhaan oofaa.
- Harka keessan yeroo heddu dhiqadhaa. Qulqullina dhuunfaa keessanii eegaa; bishaan, saamunaa fi saanitaayizarii harkaa kan ofii keessanii qabadhaa koottaa.



- Wanta feetanii fiddan gadi baasaa. Haguugduu harkaa fi haguugduu fuulaa yeroo gabaabaf faayidaa laatan dabalatee balfa gatamu kamiyyuu fuudhaa deemaa.
- Eegdota paarkii, gargaartota paarki fi hojjattoota dirree keenya kabajuudhaan ulfina itti agarsiisaa.

Odeeffannoo waa'ee ittisa COVID-19 naannoo Washington tiif www.coronavirus.wa.gov ilaalaa.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee ittisa COVID-19 Washington State Parks tiif www.parks.state.wa.us/COVID19 ilaalaa.